Muuxannoo Gaarii Bu'aa Fayyaa

Bu'uura Ijaarssaa Abdii Afranii

HOPE (Muuxannoo Gaarii Bu'aa Fayyaa/Healthy Outcomes from Positive Experiences) Muuxannoo yeroo ijoollummaa 4 ufi keessaa kan qabuu fi kan dhiibbaa faallaa miidhaa mudannoo yeroo ijoollummaa irraa ittisudha.

Kunuunsaa fi walitti dhufeenya gaariin ijoollen fayyaan isaanii akka eegamuufi ga'eessa cimaa akka ta'an gargaara.

Relationship- Firummaa

- Maatii ykn tajaajiltuu fedhii ijoolleef deebii kennan fi haasawaa fi deebii gaarii kennan qabaachuu.
- Maatiin alatti ga'eessota guddinaa fi bilchina ijoollee deeggaruudhaaf fedhii guutuun agarsiisan qabaachuu.
- Hiriyoota waliin walitti dhufeenya cimaa, fayya qabeessa fi gaarii qabaachuu.

Ijoolleen haala mijaawaa tasgabbaahaa fi naannoo haqa qabeessa keessa jiraatte, barattee fi taphatte yeroo nama guddaa ta'an carraan rakkoo fayyaa sammuu fi qaamaa qabaachuu xiqaadha.

Environment- Naannoo

- Naannoo tasggabbaahaa, nagaha qabeessa kan fedhii bu'uuraa ijjoolleef guutuu danda'u kuniis nyaata gahaa, bakka jireenyaa fi tajaajila fayyaa dabalata.
- Mana kunuunsa gaarii qabu kan ijoolleen gammachuu sammuu itti qabdu.
- Mana barumsaa tasggabbii qabu kan ijoolleen simannaa fi kabaja gaarii akkasumas barnoota qulqullina gaarii qabu itti argattu.
- Hawaasa karaa nagayaa fi walqixummaan ijoollee waliin haasayuu fi taphatu.

Ijoolleen hawaasa isaanii waliin walitti hidhamiinsa, jaalalaa fi dinqisiifannaa qabna jedhanii yaaduu. Naannoon fi dhaabbilee hawaasaa keessatti hirmaachuu, hubannoo Aadaa Duudhaa fi barmaatilee qabaachuun ijoolleen waa hubachuu akka dandeessuu fi kiyya jettee akka fudhatu akkasumaas yeroo nama guddaa tahan waan hunda akka danda'aniif obsa qabaatan isaan gargaara.

Engagement- Hirmaannaa

- Projektii keessatti akka hirmaatan, hiriyyoota isaanii akka gargaaran, mana barumsaaa, hawaasaa fi dhaabbilee amantaatiif tajaajila hawaasummaa akka kennan taasisa.
- Aadaa fi barmaatilee maatii keessatti qooda fudhachuu.
- Ispoortii, aartii fi sirba qophaahe irratti hirmaachuu.

Ijoolleen guddina Hawaasummaa fi miiraatiif carraa barbaadu.

- miiraa fi amala ofii haala ittiin toohachuu danda'an cimsuu.
- Karaa bu'a qabeessa ta'een rakkoo qunnamuuf deebii kennuuf dandeettii qabaachuu.
- Walqunnamttii sirrii tahe kan aadaa fi hawaasummaa dabalatee dandeettii dhuunfaa ittiin gabbisan guddisuu.

Opportunities--Carraa

hubannoo dabalataf kana laalaa positiveexperience.org ykn kanan nu dubisaa HOPE@tuftsmedicalcenter.org